UNIVERSITY of MARYLAND MEDICAL SYSTEM **Wajjira Hojiiwwan Jiddugaleessaa**	**FUULA:** **1 KAN 15**	**LAKK POOLISII:** **CBO – 01**
	GUYYAA HOJIRRA OOLMAA: 09/18/19	**GUYYAA (YYOOTA) KEESSA DEEBII:** 10/19/2020
DHIMMA: Gargaarsa Mallaqaa		

JECHOOTA IJOO: Gargaarsa Mallaqaa

KAAYYOO/HUNDEE:

Haalli Hojii Fayyaa Yunivarsitii Meeriiland (University of Maryland Medical System ("UMMS") namoota fayyaan isaanii inshuraansii hin qabne, kan sagantaa mootummaatiif ulaagaa guutan yookan karaa biraatin kaffaluu hin dandeenyeef, haala galii isaanii irratti hundaa'udhaaan gargaarsa fayyaa hatattamaa akka argataniif gargaarsa mallaqaa ni taasisa.

TA'UUMSA:

GUUTINSA ULAAGAA SAGANTICHAA

Ergama isaanii kan tajaajila fayyaa qulqullina qabu fi namoota fayyaa isaanitiif waan barbaachisu kaffaluu hin dandeenyeef gargaarsa taasisuudhaan kan beekkumtii qabau, UMMC, MTC, UMROI, UMSJMC, UMBWMC, UMSMCC, UMSMCD, UMSMCE, UMCRMC, UCHS, fi UM hospitaalotni Capital halli mallaqaa namoota tajaajila fayyaa isaan barbaadan yookan argachuu fudhan irraa akka isaan hin dangessine irratti cimanii hojjachaa jiru.

Sagantaa Gargaarsa Mallaqaa kana jalatti wantoota addaa hin hammatamne:

Walumaagalatti Sagantaan Gargaarsa Mallaqaa rakkoowwan fayyaa hatattamaa fi eeggumsa barbaachisummaa fayyaatiif hospitaala UMMS tiin kennamu hunda ni hammata; haa ta'uutii Sagantaan Gargaarsa Mallaqaa kanneen armaan gadii hin hammatu:

1. Tajaajiloota fayyaa dhiyeessitoota fayyaatiin kennaman kan hospitaalota UMMStiin wal hin qabanne (fkn, meeshalee fayyaa yeroo dheeraa, tajaajiloota fayyaa manattii).
2. Dhukkubsatoota sagantaan inshuraansii isaanii yookan poolisiin uwwisa tajaajila isaanii kaampanii inshuraansii isaanitiin daangeffame (fkn, HMO, PPO, yookan Beenyaa Hojjattootaa), Sagantaa Deeggarsa Mallaqaatiif ulaagaa hin guutan.

   a. Walumaagalatti, Sagantaan Gargaarsa Mallaqaa tajaajiloota kaampanii inshuraansii dhukkubsataatiin ittifaman hin haguugu, ta'us, dhimmootni tokko tokkoon agarsiistuuwwan fayyaa fi saganteessa isaanii ilaaluudhan hubannoo keessa galfamuu ni danda'u.
3. Kosmootiksii fi tajaajiloota fayyaaf hin barbaachisne biro.
4. Wantoota dhukkubsataan filatu.
5. Nyaata fi dhugaatii dhukkubsataa.
6. Kaffaltiin haakimootaa kan guyyaa tajaajilli fayyaa kennamuutiin wal qabatan poolisii gargaarsa mallaqaa keessatti hin hammataman. Dhukkubsatootni dhimma kaffaltii haakimaa wajjiin wal qabatee gargaarsa barbaadan haakimicha kallattiidhaan qunnamuu qabu.
   a. Tarreen dhiyeessitootaa, Isa hospitaala UMMStiin ala, kan tajaajila tokkoon tokkoo hospitaala UMMS keessatti tajaajila kennan kan poolisii kanaan haguuggaan dhiyeessii hin kennamneef (akkasumas dhiyeessitootni muraasni kanneen haguuggaa qaban) Bakkeewwan UMMS marsariitii isaanii irratti argamuu ni danda'u.

Dhukkubsattootni tarii sababoota armaan gadiitiin Gargaarsa Mallaqaatiif ulaagaa guutuu dhabuu malu:

1. Kanneen haguuggaa inshuraansii karaa HMO, PPO, Beenyaa Hojjattootaa, Medicaid, yokan sagantaawwan inshuraansii kanneen biro kanneen sababa ittisa inshuraansii/daangeffamaatiin akka Jiddugala Fayyaa hin arganne ittifaman.
2. Iyyata Sagantaa Qulqullina Mallaqaa galfachuu dura, yeroo sagantaawwan gargaarsa qoratamanitti qoratamuudhaaf hayyamamaa ta'uu dhabuu.
3. Odeeffannoo waa'ee liqaa seerawaa hin xumuraminii kennuu dhabuu.
4. Lammiiwwan biyya alaa kan tajaajila eeggumsa fayyaa filatamaa fi hatattamaa hin taane argachuuf gara United States dhufan.

Dhukkbisatootni sagnatichaaf ulaagaa hin guutne kaffaltiiwwan banaa hunda taasisuu qabu fi kaffaltiin akkaataa yeroo itti waliigalametti hin kaffalmu taanaan tajaajila liqaa gadheetti darbatama .

Ulaagaa Gargaarsa Mallaqaa Addaa guutu yoo ta'een ala, dhukkubsatootni Iyyata Gargaarsaa Mallaqaa guutuudhan galfachuu qabu (ragaalee fi odeeffannoowwan barbaachisan hunda wajjiin) fi gargaarsa mallaqaa argachuudhaaf ulaagaa gargaarsa mallaqaa akkaguutan ni mirkaneeffama. Dhukkubsatootni hojii fi haguuggaa inshuraansii hin qabne tajaajila eeggumsa fayyaa hatattama hin

taane argachuu dura Iyyata Gargaarsa Mallaqaa galchuu qabu yoo Ulaagaa Gargaarsa Mallaqaa Addaatiif ulaagaa kan guutan ta'e malee. Dhukkubsataan haguuggii COBRAtiif ulaagaa ni guuta yoo ta'e, dandeettiin inshuraansii addaa COBRA kaffaluu dhukkubsatichaa Gorsaa/Qindeessaa Mallaqaatiin keessa deebi'amuu qaba fi eeruuwwan Hoggantoota Buleeyyiidhaan kennamuu qaba. Namootni humna mallaqa inshuraansii bitachuu qaban akka bitataniif jajjabeeffamuu qabu, akka tajaajiloota eeggumsa fayyaa isaanii fi waliigala fayyaa dhuunfaa isaanii mirkaneessuuf ta'utti.

Namootni akkaataa Maryland State Department of Health and Mental Hygiene Medical Assistance Planning Administration Income Eligibility Limits for a Reduced Cost of Care ("MD DHMH") titti galiin isaanii 200% ta'e tajaajila fayyaa bilisaatiif ulaagaa ni guutu. Akkaataa Maxxansa A irratti taa'ameen, kanneen MD DHMH 200% hanga 300% jidduu qaban iskeelii bu'aa adeemuun hir'isa argachuudhaaf ulaagaa ni guutu.

Gargaarsa Mallaqaa Addaa

Dhukkubsatootni akkasumas Gargaarsa Mallaqaa Addaatiif ulaagaa guutuu danda'u. Haalli itti dhukkubsataan gargaarsa mallaqaatiif ulaagaa guutee utuu jiruu, garuu uunkaan gargaarsa mallaqaa faayila keessa itti hin jiraanne ni jiraata. Odeeffannoon gahaan karaa dhukkubsataa yookan qaamota biro kenname, kan dhukkubsataan akka gargaarsa mallaqaa argatuuf raga gahaa kennuu danda'u ni jira. Haala ragaan gahaan dhukkubsataan gargaarsa mallaqaa argachuu danda'u irratti hin jirree keessatti, UMMS gargaarsa mallaqaatiif yookan eeggumsa gatiiwwan hir'isaa kennuudhaaf ejansiiwwan alaa yookan odeeffannoo tilmaama haala galii fayyadamuudhaaf mirga ni qabaata. Takka erga murteeffamee booda, sababa haala uumama gargaarsa addaatiin, gargaarsi mallaqaa kennamuu danda'u 100% hamma gatii herrega barreeffamee qofa ta'a. Ga'uumsi Gargaarsa Mallaqaa Addaa tajaajila dhukkubsataa guyyaa murtaa'ee qofa haguuga. Ga'uumsa addaa murteessudhaaf haala jireenya dhuunfaa nama dhuunfaa kanneen armaan gadii irratti hundaa'uu danda'a:

a. Haguugguu Gargaarsa Fayyaa Si'ataa Mana Qorichaa
b. Haguuggii Eeggumsa Fayyaa Addaa Galii Xiqqaa (SLMB)
c. Haguuggii Eeggumsa Ga'eessotaa Jalqabaa (PAC)
d. Mana-dhabdummaa
e. Dhukkubsatootaa Gargaarsa Fayyaa fi Eeggumsa Medicaiddhaan too'atamu kutaa ER keessatti kan haguuggii sagantaalee kanaan alaatiin kennamu

f. Gargaarsa Fayyaa hanga baasii ta'ee
g. Guutinsa ulaagaa isteeta biraa yookan sagantaawwan gargaarsa naannoo
h. Dhukkubsataan isteeta hin beekamnetti du'e
i. Dhukkubsatoota Satagantaa Gargaarsa Isteetaa Durii qofa jalatti ulaagaa akka guutaniif murtaa'an.
j. Lammiilee US kanneen hin taane kan komee hin qabne
k. Dhukkubsatoota ulaagaa Gargaarsa Fayyaa guutaniif Gargaarsa Fayyaa Ulaagaa hin guutne
l. Dhukkubsatoota hin beekamne (sababa yaalii keenya kan jijjiirraa fi/yookan Eennyummeessaatiin yaalii taasine hundaan)
m. Beenyaa Baankii, seeraan, akkaataa manneen murtii federaalaatiin kennameen
n. Dhukkubsatoota Sagantaa Babal'ina St. Claretiif ulaagaa guutan
o. Dhukkubsatoota ulaagaa Sagantaa Haadholii UMSJMC guutan
p. Dhukkubsatoota ulaagaa Herniyaa UMSJMC guutan

Tajaajilootni yookan ulaagaan addaa kan Gargaarsa Mallaqaa Addaatif ulaagaa hin guutne kan hammatan:

a. Hanga Maryland Medicaid Psych kaffalamutti dhukkubsatootni inshuraansii hin qabne kan Haala Hatattammaa jalatti Muummee Hatattamaa jalatti ilaalaman gargaarsa mallaqaa adaatiif hin hammataman.

POOLISII:

Poolisiin Hoggantoota Boordii Koree Guutinsa UMMS (ECC) tiin Onkololeessa 19, 2020 irratti kan mirkanaa'eedha. Poolisiin kun iddoowwan hopitaala Haalli Hojii Fayyaa Yunivarsitii Meeriiland (University of Maryland Medical System ("UMMS hospitals ") kanneen armaan gadiitti hojirra oola:

- University of Maryland Medical Center (UMMC)
- University of Maryland Medical Center Midtown Campus (MTC)
- University of Maryland Rehabilitation & Orthopaedic Institute (UMROI)
- University of Maryland St. Joseph Medical Center (UMSJMC)
- University of Maryland Baltimore Washington Medical Center (UMBWMC)
- University of Maryland Shore Medical Center at Chestertown (UMSMCC)

UNIVERSITY of MARYLAND MEDICAL SYSTEM **Wajjira Hojiiwwan Jiddugaleessaa**	**FUULA:** **5 KAN 15**	**LAKK POOLISII:** **CBO – 01**
	GUYYAA HOJIRRA OOLMAA: 09/18/19	**GUYYAA (YYOOTA) KEESSA DEEBII:** 10/19/2020
DHIMMA: Gargaarsa Mallaqaa		

- University of Maryland Shore Medical Center at Dorchester (UMSMCD)
- University of Maryland Shore Medical Center at Easton (UMSME)
- University of Maryland Charles Regional Medical Center (UMCRMC)
- University of Maryland Upper Chesapeake Health (UCHS)
- University of Maryland Capital Region Health (UM Capital)

Gargaarsa Mallaqaa barbaachisummaa fi baasii fayyaa ol aanaa dhukkubsatoota ulaagaa fayyaa addaa guutaniif fi gargaarsa akkasii gaafataniif kennuun poolisii hospitaalota UMMSti. Kaayyoon ibsa poolisii armaan gadii kanaa iyyannaawwan Gargaarsa Mallaqaa akkamiin akka taasifaman, ulaagaa guutamuu qabu, fi sadarkaalee adeemsa iyyaannoo akkam akka ta'an ibsuudhaafi.

UMMS yaadachiisawwan argama gargaarsa mallaqaa tokkoon tokkoo kutaa hatattamaa (yoo kan jiraatu ta'e) fi bakkoota galmee, fi Kutaa Kaffaltiitti akka maxxanfaman ni taasisa. Akkasumas, yaadachiisawwan argamaa karaa waraqaa kaffaltii dhukkubsatootaaf ni ergamu. Mallattooleen iddoowwan dhukkubsataadhaf barbaachisaa ta'an irratti akka argaman ni ta'u. Bahuun dura Waraqaan Odeeffannoo Kaffaltii fi Gargaarsa Mallaqaa ni kennama,fi (polisii fi Iyyata Gargaarsa Mallaqaa kana wajjiin) akkaataa gaafannaa irratti hundaa'uun dhukkubsatoota hundaaf kaffaltii malee ni kennama, karaa ergaa fi kutaa hatattamaa (yoo jiraate) fi kutaa ciisichaa keessattis. Poolisiin kun, Kaffaltiin Dhukkubsataa fi Waraqaan Odeeffannoo Gargaarsa Mallaqaa, fi Iyyatni Gargaarsa Mallaqaa qulqullinaan marsariitii UMMS (www.umms.org) irratti ni maxxanfamu.

Gargaarsi Mallaqaa haalli galii namicha dhukkubsatee keessa deebiidhaan ilaalamee fi galeefamee dheerachuu ni danda'a. Kuni keessa deebii baasii dhukkubsataa isa amma jiruu fii dirqamoota (herraga liqaa hamaa qaban dabalatee, kanneen gara seeraatti qajeelfaman fi murtiin itti kenname malee) fi baasiiwwan fayyaa taasifamaa jiran illee hammachuu qabaata. Iyyatni Gargaarsa Mallaqaa dhukkubsatoota herregni isaanii ejansii sassaabbii harka jiruuf kennamuu ni danda'a.

UMMS mirga dandeetti kaffaluu dhukkubataa murteessuu guutuutti qaba. Dhukkubsatootni tajaajila hatattamaatiif dhiyaatan hunduu haalli dandeettii kaffaluu isaanii kamiiyyuu haa ta'uu ni yaalamu. Tajajaila hatattamaa/jarjartiitif, Iyyatootni Sagantaa Qulqullina Mallaqaa ni guutamu, ni fudhatmu fi deebisaa ni argatu fi dhukkubsataa tajaajila argachuu irraa hin tursiisan.

Poolisiin kun Waxabajjii 1, 2013 irraa kaasee University of Maryland St. Joseph Medical Center (UMSJMC) tiif kan tolfameedha.

UNIVERSITY of MARYLAND MEDICAL SYSTEM **Wajjira Hojiiwwan Jiddugaleessaa**	**FUULA:** **6 KAN 15**	**LAKK POOLISII:** **CBO – 01**
	GUYYAA HOJIRRA OOLMAA: 09/18/19	**GUYYAA (YYOOTA) KEESSA DEEBII:** 10/19/2020
DHIMMA: Gargaarsa Mallaqaa		

Poolisiin kun Fulbaana 22, 2014 irraa kaasee University of Maryland Medical Center Midtown Campus (MTC) tiif kan tolfameedha.

Poolisiin kun Waxabajjii 1, 2016 irraa kaasee University of Maryland Baltimore Washington Medical Center (UMBWMC) tiif kan tolfameedha.

Poolisiin kun Fulbaana 1, 2017 irraa kaasee University of Maryland Shore Medical Center at Chestertown (UMSMCC) tiif kan tolfameedha.

Poolisiin kun Fulbaana 1, 2017 irraa kaasee Maryland Shore Medical Center at Dorchester (UMSMCD) tiif kan tolfameedha.

Poolisiin kun Fulbaana 1, 2017 irraa kaasee University of Maryland Shore Medical Center at Easton (UMSMCE) tiif kan tolfameedha.

Poolisiin kun Muddee 2, 2018 irraa kaasee University of Maryland Charles Regional Medical Center (UMCRMC) tiif kan tolfameedha.

Poolisiin kun Waxabajjii 1, 2019 irraa kaasee University of Maryland Upper Chesapeake Health (UCHS) tiif kan tolfameedha

Poolisiin kun Fulbaana 18, 2019 irraa kaasee University of Maryland Capital Region Health (UM Capital) tiif kan tolfameedha

ADEEMSA:

1. Namootni iyyatawwan Gargaarsa Mallaqaa fuuchuudhaaf ramadaman ni jiru. Hojjattootni kunniin Gorsitoota Mallaqaa, Qindeessaa Sassaabbii Mallaqa Dhukkubsataa, Bakka Bu'oota Tajaajila Maamilaa, kkf ta'uu danda'a.

2. Yoo danda'ame tajaajila jalqabuu dura, qulqulleessi mallaqaa akka taasifamu ta'a. Yoo danda'ame, hojjataan ramadame bilbilaan yookan qaaman dhukkubsaaa Gargaarsa Mallaqaatiif iyyatan ulaagaa gargaarsaa jalqabaa kan guutan yoo ta'e murteessudhaaf wal arguu danda'a.
   a. Hojjattootni dhukkubsatoota Ofii Kaffalaniif akkaataa sagantaa Mediaidtiin dhukkubsatootni haguuggii ammaa yoo kan qabaatan mirkaneessudhaaf ga'uumsa ulaagaa ni guutuf.
   b. Ragaaleen jalqabaa tarii yoo kan ulaagaa guutan ta'eef haala wal jijjiirraa odeeffannoo qaama sadaffatti galii taasifamu. Adeemsa kana taasisuudhaaf iyyataan kamiiyyuu dirqama odeeffannoo baayyinaa fi galii maatii isaa dhiyeessuu qaba. Iyyatootni akka adeemsicha xumuraniif, nuti iyyata murtii xumuraatiif ulaagaa waraqaalee barbaachisaanii akka beekan ni taasisna.
   c. Iyyatootni dhukkubsataadhaan dhiyaatan karaa raga qaama sadaffaa fi meeshaa hojiitiin ni hordofamu, ni hojjatamu fi murtiin itti ni kennama. Xalayaan murtii xumuraa dhukkubsatoota iyyata gargaarsa mallaqaa dhiyeeffatan jalqaban hundaafuu ni kennama. Murtiin Ulaagaa Guutinsaa iyyata tajaajiloota gargaarsa tolaa, iyyata gargaarsa fayyaa yookan lamaanuutif dhukkubsataadhan taasifamu hordofee guyyoota hojii lama keessatti deebiin ni kennama.
   d. Dhukkubsataan Iyyata Gargaarsa Mallaqaa odeeffannoowwan yookan ragaalee guutinsa ulaagaa murtessudhaaf barbaachisaniin ala dhiyeeffata yoo ta'e, gaafannaan odeeffannoowwan yookan ragaalee hir'atanii dhukkubsataadhaf ni ergamu. Gaafannaan barreeffamaa kuni odeeffannoo karaa qunnamtiitii (lakkoofsa bilbilaa yookan teessoo qaamaatis dabalatee) waajjira yookan muummee odeeffannoo dhimma Sagantaa Gargaarsa Mallaqaa fi gargaarsa haala adeemsaa iyyannnaatiis ni hammata.
   e. Dhukkubsataan ulaagaa guutudhaaf guyyaa gaafatame irraa jalqabee odeeffannoon yookan ragaaleen hir'atan guutudhaaf guyyoota soddoma (30) qabaata. Ragaan guyyoota 30 keessatti kan hin dhiyaanne ta'e, xalayaan dhimmichi ammaaf ragaaleen barbaachisoon waan hin guutaminiig cufamuu ibsu ni ergamaaf. Dhukkubsataan odeeffannoowwan yookan ragaalee hir'atan turtii guyyoota 30 gaafannaa odeeffannoowwan/ragaalee hir'atanii guutuudhaan bifa haaraadhan iyyachuu ni danda'a.
   f. Sadarkaa eeggumsaa kamiifiyyuu, adeemisi Iyyata Gargaarsa Mallaqaa guyyaa xumuraa kaffaltiin eeggumsa dhukkubsataa boodaa ergamee booda guyyoota 240 f banaa ta'a.
   g. Namoota dhuunfaa tajaajila hospitaalichaa barbaadan kamiifiyyuu yaadachiisni Poolisii Gargaarsa Mallaqaa hospitaalichaa yeroo galmee dura yookan yeroo galmee irratti ni kennamaaf.

3. UMMC, MTC, UMROI, UMSJMC, UMBWMC, UMSMCC, UMSMCD, UMSMCE, UMCRMC, UCHS, fi UM Capital dhaafis adeemsi iyyannoo tokkotu jira. Dhukkubsataan Iyyata Gargaarsa Mallaqaa jechaan yookan barreeffamaan dhiyeeffachuutu isa irraa eegama. Dabalataanis, kanneen armaan gadii gaafatamuu malu:
   a. Garagalchi Deebisaa Galii Ashuuraa Federaalaa kan dhiyeenyaa (bultii qabaatee/ttee kophaatti guutu yoo ta'e, deebisaa ashuuraa dhiiraa yookan niitiitis dabalatee); mirkaneessa dadhabina galii (yoo ta'e) mirkaneessa galii nageenya hawaasummaa (yoo ta'e). Hojii dhabeessa yoo ta'e, mirkaneessa hoji-dhabdummaa ibsa Waajjira Inshuraansii Hojidhabdummaa, ibsa deeggarsa madda galii ammaa, kkf…
   b. Ibsa galii isaanii kan ammaa (mideeffameera yoo ta'e) yookan raga galii kan biraa.
   c. Yaadachiisa Murtii Gargaarsa Mallaqaa (yoo ta'e).
   d. Gargalcha Kaffaltii Manaa yookan Kiraa (yoo ta'e), yookan yookan raga barreeffamaa haala jireenyaa/manaa isaanii kan ammaa.

Dhukkubsataan garagalcha Deebisaa Galii Ashuuraa Federaalaa fi kaffaltii (yookan raga galii kan biraa) isaanii dhiyeenyaa kan dhiyeessan ta'e, lamaan keessaa tokko qofatu ulaagaa gargaarsa mallaqaa guutuu agarsiisa, kan caalaatti dhiyeenyaa murtii taasisuudhaan kan fayyadamu ta'a. Jechaan odeeffannoowwan barbaadaman dhiyeessuun ni danda'ama, bakka barbaaachisutti.

4. Galii irratti hundaa'ee Gargaarsa Mallaqaatiif ulaagaa guutuutti dabalee, dhukkubsataan inshuraansii dhabuu yookan baasii fayyaa ol aanaa ta'e qabaachuu akkaataa Rakkina Mallaqaa armaan gaditti ibsamaniitiin ulaagaa guutuu ni danda'a. Takka dhukkubsataan odeeffannoowwan barbaachisan hunda guuta taanan, Gorsaaan Mallaqaa iyyata keessa deebiin ilaalee akkasumas xiinxallee qajeelfamoota UMMS irratti hundaa'udhaan guutnisa murtii xumuraatiif gara Muummee Tajaajila Dhimma Mallaqaa Dhukkubsataatti erga.
   a. Iyyatni dhukkubsatichaa kan Gargaarsa Mallaqaa guutuu fi sirrii yoo kan ta'u ta'e, Qindeessaan Dhimma Mallaqaa sadarkaa guutinsa ulaaga dhukkubsatichaa ni kenna akkasumas murtii lammaffaa fi xumuraatiif ni erga.
      i. Dhukkubsataan Gargaarsa Mallaqaatiif ulaagaa hin guutu yoo ta'e, sana booda Qindeessaan Dhimma Mallaqaa hojjataa kilinikaa kan dhukkubsataa tajaajiloota hospitaalaa sirriidhaaf saganteessu ni beeksisa.
      ii. Dhukkubsataan Gargaarsa Mallaqaatiif ulaagaa hin guutu yoo ta'e, sana booda Qindeessaan Dhimma Mallaqaa hojjataa kilinikaa kan tajaajiloota hospitaalatti kennaman kan hatattama/jarjartii hin taaneef beellamni kennamuu akka hin dandeenye akka saganteessuun hin danda'amne ni beeksisa.
         1. Gaafannaa Hogganaa Kilinikaa irratti hundaa'udhaan, dhukkubsataan tajaajiloota hatattamaa/jarjartii hin taane hospitaalaatti kennaman irratti taasifame, Koree Hoggansa Qulqulleessa Mallaqaatiin deebi'ee ilaalamuu mala.

5. Takka dhukkubsataan Gargaarsa Mallaqaatiif ulaagaa guuta taanan, Gargaarsi Mallaqaa ji'a murtiin kennamee fi waggaa murtiin itti kenname duraa kan hammatu ta'a. Ta'us, Hospitaalli UMMS ga'uumsa yeroo Gargaarsa Mallaqaa dhimmoota irratti hundaa'uun gara fuulduraatti yookan gara boodaatti dheeressuu ni danda'a. Yeroo ga'uumsaatin ala tajaajilootni eeggumsa fayyaa kennamaniiru yoo ta'e, dhukkubsataan qulqulleessudhaaf dirqama sagantichaaf deebisee iyyachuu danda'uu qaba. Dabalataan, jijjiiramootni galii dhukkubsataa, qabeenyaa, baasii yookan haala maatii Muummee Dhimma Sagantaa Gargaarsa Mallaqaa wajjiin mari'atamuutu irra jiraata. Gochaaleen Sassaabbii Ciccimoon hunduuu, akka armaan gaditti hiikni itti kennametti, takka dhukkubsataan gargaarsa mallaqaatiif hayyamamnaan addaan citi fi kaffaltiin dhukkubsataa hunduu ni kaffalamu.

6. Hammi herregaa hin kaffalamin gara Liqaa Hamaatti dabarfamuu danda'u (eeggumsa hin haguuggamne) fi gara ejansii sassaabbii alaatti yookan abbaa alangaa hospitaala UMMStti akkaataa seerummaa sassaabbii isaanitiif ni ergamuu. Sassaabbiiwwan gochaalee hospitaalaa kan ejansiiwwan sassaabbii yookan abbaa alangaa hospitaalichaatiin taasifaman Extraordinary Collection Actions (ECAs) (Gochaalee Sassaabbii Ciccimoo) kanneen armaan gadii hammata:
   a. Ejansiiwwan liqaa gabaasan yookan waajjiraalee liqaatiif odeeffannoo nama dhuunfaa faallaa kennuu.
   b. Gacha hawaasaa namicha dhuunfaa irra jiru.
   c. Ittisa qabeenya namicha dhuunfaa irra jiru. Ittisni iddoo jireenya jalqabaa Magaalaa Baltimore keessatti mana murtiitiin irr akaa'amuu mala. Hospitaalichi iddoo jireenya jalqabaa fudhachuudhaaf hin yaalu garuu qabeenyichi ni fudhatama taanaan akka liqeessaa mirkanaa'aatti ilaalama.
   d. Herrega baankii namicha dhuunfaa yookin qabeenya dhuunfaa biroo maxxansuu yookan fudhachuu.
   e. Galii namicha dhuunfaa qabachuu.

7. ECAwwan herregawwan mormii qaban yookan kaffaltiin irratti hin taasifamne fudhachuu. ECAwwan kaffaltii baasicha boodaa dura guyyoota 120 dura dhukkubsataadhaf argamuu hin dandeenye fi ECAn qabatamamuu duru yaadachiisa barreeffamaa guyyaa 30 tiin hordofameera. Yaadachiisni barreeffamaa kuni namoota dhuunfaa ulaagaa guutaniif gargaarsa mallaqaa kan jiru ta'uu agarsiisa, hopitaalichi ECAwwan (yookan ejansiiwwan sassaabbii isaa, abbaan alangaa, yookan qaamni seera qabeessi biraa) eegumsa kanaaf kaffaltii kan barbaadan ta'uu agarsiisa, fi guyyaa xumuraa ECAwwan kunniin jalqabaman agarsiisa. Akkasumas Kaffaltii Dhukkubsataa fi Waraqqaa Odeeffannoo Gargaarsa Mallaqaa hammata. Dabalataan, hospitaalichi argamummaa gargaarsa mallaqaa jechaan dhukkubsataatti ni hima fi iini yookan ishiin akkamiin adeemsa iyyannootiin gargaarsa argachuu akka dandeessu ni hima. Keesa deebuun ulaagaan ga'uumsa addaa ECAn kamiiyyuu fudhatamuu dura ta'a. Xumura irrattis, hanga

mirkaneessi Marsaa Galii CBO irraa argatutti ECAn jalqabamu hin jiraatu. UMMS ECAwwan armaan gadii keessatti hin hirmaatu:

a. Liqaa qaama biraatti gurgiruu.

b. Murtiin mana murtii kennamuu dura kaffaltii dhala kaffaltii dhukkubsataa gaafachuu

8. Yoo tajaajila argachuu dura, dhukkubsataan tajaajila gargaarsa fayyaa argachuuf murtiin kennameera ta'e, yaaliiwwan galiiwwan dabalataa, hir'isawwanii yookan dhibbeentaa hamma caalmaa tajaajilaa sassaabuu guyya tajaajilaa dura taasifama yookan guyyaa tajaajilaa irratti sassaabamuudhaaf sagantaan kaa'ama.

9. Xalayaan murtii xumuraa dhukkubsataa iyyata jalqaba galchaniif galchii ni taasifama. Xalayichi barreeffaman ulaagaalee murtii (yoo danda'ame fi yoo jiraate, gargaarsa namichi dhuunfaa ulaagaa itti guutus dabalatee) fi waan murtiin irratti hundaa'u ni beeksisa. Dhukkubsataan tajaajila bilisaa irra gargaarsa argachuudhaaf ulaagaa guuta taanan, dhukkubsataan erga gargaarsi mallaqaa eeggumsa booda ibsa hamma dhukkubsataan liqeeffatee kan agarsiisu ibsi kaffaltii ni kennamaaf.

10. Murtiin deebisaa kaffaltii kan taasifamu yeroo dhukkubsataan kaffaltii kaffaluu itti dadabee fi yeroo kaffaltiiwwan itti raawwataman irratti hundaa'udhaani. Kaffaltiin deebisaa dhukkubsataadhaf hamma deebisaa liqaa, kaffaltiiwwan dhukkubsataa irratti hundaa'uun, hamma kaffaltii mirkaneessa gargaarsa mallaqaatiin ta'u. Kaffaltiin eeggumsaaf baasii ta'e kan yeroo gargaarsa mallaqaatiif ulaagaan guutame jidduutti taasifame deebisaa ni argata, yoo hammichi hamma gaafatamummaa dhukkubsataan mirkanaa'e $5.00 yookan sanaa oliin kan caalu ta'e.

11. Dhukkubsataan gargaarsa mallaqaatiif ulaagaa guuta taanan, hospitaalichi (fi ejansiin sassaabbii yooka abbaan alangaa isaa) yeroo ga'uumsa gargaarsa mallaqaatti kaffaltiiwwan eeggumsaaf taasifaman ECAwwan faallaa dhukkubsataatti hin fudhatamneef waan sababa qabu hunda ni raawwatu. Tarkaanfiiwwan sababaa'oon jiraatan kunniin tarkaanfiiwwan murtii faallaa dhukkubsataa ta'an qulqulleessuu, ittisa yookan dhoorkaa qabeenya dhukkubsataa irraa kaasuu, odeeffannooowwan faallaa gabaasa liqaa dhukkubsataa ta'anii gara ejensii gabaastuu fayyadamaa yookam waajjira liqaatiin taasifaman haqisiisuu fa'a hammata.

12. Dhukkubsatootni haguuggaa fayyaa biraa argachuu danda'an (fknf, haguuggaa inshuraansii jalqabaa yookan lammaffaa yookan dhiyeessaa tajaajila barbaadamaa, yookan kan golboon-ala jedhamuun beekamu) Sagantaa Gargaarsa Mallaqaatiif iyyachuu dura faayidaa saaphanaa isaanii dursanii xumuruu qabu.

13. Sagantaan Gargaarsa Mallaqaa ga'uumsa Sagantaa Gargaarsa Mallaqaa UMMStiif murtii kennuudhaaf, iyyata gargaarsa mallaqaatiif Kutaa Haakimootaa Inc.'s (FPI) tiin guutame ni fudhata. Kuni ulaagaawwan iyyata FPI'otaa fudhachuus ni hammata.

14. Sagantaan Gargaarsa Mallaqaa iyyatawwan hospitaalota UMMStiin taasifaman kamiiyyuu guutinsa ulaagaa irratti murtii kennuudhaaf ni fudhata. Kuni uunkaa iyyata kutaa kamiiyyuu fudhachuus of keessatti hammata.

15. Sagantaan Gargaarsa Mallaqaa Haala Jireenyaa Too'atamaa fi nyaata yeroo dhukkubsataan Sagantaa Guyyaa keessa jiruu hin hammatu.

16. Yoo faaydaan barnootaa fi/yookan hawaasummaa ni sirnaawaan ni jiraata ta'e, hojjataan kilinikaa mirkaneessa Gargaarsa Mallaqaatiif, Koreen Hoggansa Qulqulleesssa Dhimma Mallaqaa qajeelfamoota Sagantaa Gargaarsa Fayyaatiif dhimmoota tokko tokkoon akka ilaaluf gaafachuu ni danda'a.
    a. Kutaan Qulqulleessa Dhimma Mallaqaa/Gargaarsa barbaadu dhukkubsataan tajaajila fudhachuu jalqabuu dura Koree Hoggansa Dhimma Mallaqaatiif mirkaneessa sirrii galchuu danda'uu qaba.
    b. Qondaalli Hoggansa Fayyaa Ol-aanaan, haakimoota hirmaatanii fi hojjataa Gargaarsa Mallaqaatiif dhimma murtii Koree Hoggansa Dhimma Qulqulleessa Mallaqaa ni ibsa.

Hanqina Mallaqaa

Hammi baasiiwwan fayyaa inshuraansii hin qabnee kan UMMC, MTC, UMROI, UMSJMC, UMBWMC, UMSMCC, UMSMCD, UMSMCE, UMCRMC, UCHS, fi UM Capitaltti argamanii, Guutinsa ulaagaa dhukkubsataa kan Sagantaa Gargaarsa Mallaqaa dhukkubsataa mirkaneessuu keessatti ni ilaalamu. Qajeelfamootni armaan gadii akka, kophaatti murtii dabalataa Gargaarsa Mallaqaa Hanqina Mallaqaa jedhamuudhan beekamaniitti bahu. Hanqina Mallaqaa dhukkubsatoota Gargaarsa Mallaqaatiif iyyatanii ulaagaa akka guutan mirkanaa'e hundaaf ni kennamu.

UNIVERSITY of MARYLAND MEDICAL SYSTEM **Wajjira Hojiiwwan Jiddugaleessaa**	**FUULA:** **12 KAN 15**	**LAKK POOLISII:** **CBO – 01**
	GUYYAA HOJIRRA OOLMAA: 09/18/19	**GUYYAA (YYOOTA) KEESSA DEEBII:** 10/19/2020
DHIMMA: Gargaarsa Mallaqaa		

Gargaarsi Hanqina Mallaqa Fayyaa dhukkubsatoota qajeelfamoota poolisii jalqabaa Gargaarsa Mallaqaatiif ulaagaa hin guutne, gareen kanneen armaan gadiitif ni kennama:

1. Kanneen liqaan fayyaa isaanii kan UMMC, MTC, UMROI, UMSJMC, UMBWMC, UMSMCC, UMSMCD, UMSMCE, UMCRMC, UCHS, fi UM Capital Galii Waggaa kan Maatii isaanii 25% caaluu, kan Hanqina Mallaqa Fayyaa isaan irratti uumeef ni argama.

Dhukkubsatoota lamaanuu, Eeggumsa Gatii Hir'isaa ulaagaa Gargaarsa Mallaqaa jalatti fi ulaagaa Gargaarsa Rakkina Mallaqaa, UMMC, MTC, UMROI, UMSJMC, UMBWMC, UMSMCC, UMSMCD, UMSMCE, UMCRMC, UCHS, fi UM Capital guutan, gatii irratti hir'isaa, kan hamma galii aabbaa matii waggaa kan waliigalaa 25% ta'u ni argatu.

Rakkinni Mallaqaa hamma kaffaltii bakkaa kan UMMC, MTC, UMROI, UMSJMC, UMBWMC, UMSMCC, UMSMCD, UMSMCE, UMCRMC, UCHS, fi UM Capital kan galii maatii waggaa ji'oota kudha lama (12) keessatti yaala fayyaatiif miseensota maatiitin kaffalamu 25% tiin caalu ta'uudhaan hiikkan kennamaaf.

Liqaan Fayyaa baasii kiisa keessaa bakka UMMC, MTC, UMROI, UMSJMC, UMBWMC, UMSMCC, UMSMCD, UMSMCE, UMCRMC, UCHS, fi/yookan UM Capital tiin yaala fayyaatiif barbaachisuun kaffalchiifamu ta'uudhaan hiikkaan kennamaaf.

Dhukkubsataan takka Gargaarsa Rakkina Mallaqaatiif ulaagaa guuta taanan, haguuggaan ji'a jalqabaa ulaagaa guutinsa tajaajilaa fi waggaa murtii duraatiif kan kennamu ta'a. Ta'us, Hospitaalli UMMS guutinsa ulaagaa Rakkina Mallaqaa tokkoon tokkoo rakkoo akkaa dhukkubbii/haala eeggumsa barbaachisuu irratti hundaa'udhaan gara fuulduraatti yookan gara boodatti caalmaatti dheeressuu danda'a. Hir'isa gatii fi yeroo guutinsa ulaagaa eeggumsa yaala fayyaatiif barbaachisuu dhukkubsatichaa fi miseensota maatii jiraniif ulaagaa guutaniif kan haguugu ta'a.

Ulaagaan sagantaa Gargaarsa Mallaqaa jalqabaatiif ulaagaa guutuun, ulaagaa guutuu dhabuun fi adeemsi biro hunduu kan ulaagaa Gargaarsa Rakkina Mallaqaatiif gaatafamu ta'a, yoo olitti ibsame male.

UNIVERSITY of MARYLAND MEDICAL SYSTEM **Wajjira Hojiiwwan Jiddugaleessaa**	**FUULA:** **13 KAN 15**	**LAKK POOLISII:** **CBO – 01**
	GUYYAA HOJIRRA OOLMAA: 09/18/19	**GUYYAA (YYOOTA) KEESSA DEEBII:** 10/19/2020
DHIMMA: Gargaarsa Mallaqaa		

Ol'iyyannawwan

- Dhukkubsatootni iyyatni gargaarsa mallaqaa isaanii didame, filannoo murtii ol iyyachuu ni qabu.
- Ol iyyatni jechaan yookan barreerreeffamaan jalqabamuu danda'a.
- Dhukkubsatootni maaliif murtiin diddaa jijjiiramuu akka qabaatu ragaalee gargaaran akka dhiyeessaniiif ni jajjabeeffamu.
- Ol iyyatni raga qaama sadaffaa fi meeshaa hojii keessatti ol kaa'amu. Sana booda bulchiinsa bakka bu'oota iyyata jalqabaa didanii ol jiraaniin keessa deebiin taasifama.
- Ol iyyatni jalqabaa murtiin jalqaba kenname akka jijjiiramu kan hin taasisne yoo ta'e, dhukkubsataan irra deebiidhaan akka ilaalamuuf gara buulchiinsa itti aanuutti dhiyeeffachuudhaaf filannoo ni qabaata.
- Adeemsichi hanga Qondaala Hoggansa Mallaqaa kan murtii mallaqaa kennuutti adeemuu ni danada'a.
- Xalayaan murtii xumuraa dhukkubsataa ol iyyannaa jalqaba dhiyeeffateef ni kennama.

UNIVERSITY of MARYLAND MEDICAL SYSTEM **Wajjira Hojiiwwan Jiddugaleessaa**	**FUULA:** **14 KAN 15**	**LAKK POOLISII:** **CBO – 01**
	GUYYAA HOJIRRA OOLMAA: 09/18/19	**GUYYAA (YYOOTA) KEESSA DEEBII:** 10/19/2020
DHIMMA: Gargaarsa Mallaqaa		

MAXXANSAALEE:

MAXXANSA A

Iskeelii Hir'isaa – Gatii Eeggumsaa Hir'ifame

Daangaawwan Hiyyummaa Federaalaa (FPL) 2021 fi Mummee Fayyaa fi Qulqullina Sammuu Maryland(DHMH) Qajeelfamoota Daangaa Galii Waggaa			UMMS Tola-ooltummaa 100%	UMMS Tola-ooltummaa 90%	UMMS Tola-ooltummaa 80%	UMMS Tola-ooltummaa 70%	UMMS Tola-ooltummaa 60%	UMMS Tola-ooltummaa 50%	UMMS Tola-ooltummaa 40%	UMMS Tola-ooltummaa 30%	UMMS Tola-ooltummaa 20%	UMMS Tola-ooltummaa 10%
			Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 200% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 210% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 220% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 230% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 240% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 250% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 260% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 270% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 280% tiin walqixa	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 290% tiin walqixa
Baay'ina Maatii (BM)	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa FPL 2021	Daangaawwan Ga'uumsa Galii Waggaa MD DHMH 2021	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:	Yoo sadarkaan galii BM waliigalaa kee kan waggaa qixa yookan gadi ta'e:
Baay'ina	Hanga	Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga	Guddatu Hanga
1	12,760	**$17,785**	$35,570	$37,349	$39,127	$40,906	$42,684	$44,463	$46,241	$48,020	$49,798	$53,354
2	17,240	**$24,045**	$48,090	$50,495	$52,899	$55,304	$57,708	$60,113	$62,517	$64,922	$67,326	$72,134
3	21,720	**$30,305**	$60,610	$63,641	$66,671	$69,702	$72,732	$75,763	$78,793	$81,824	$84,854	$90,914
4	26,200	**$36,581**	$73,162	$76,820	$80,478	$84,136	$87,794	$91,453	$95,111	$98,769	$102,427	$109,742
5	31,800	**$42,841**	$85,682	$89,966	$94,250	$98,534	$102,818	$107,103	$111,387	$115,671	$119,955	$128,522
6	37,400	**$49,100**	$98,200	$103,110	$108,020	$112,930	$117,840	$122,750	$127,660	$132,570	$137,480	$147,299

*Hir'isawwan armaan olitti ibsaman hunduu hamma dhukkubsataan dhuunfadhaan deebisaa inshuraansii booda kaffalu irratti ta'u .
Hammi kaffaltii dhukkubsatootni Gatii Eeggumsaa Hir'ifamaa ulaagaa guutanii (yookan kan Gargaarsa Rakkina Mallaqaa) hamma kaffaltii waliigalaa kanneen inshuraansii qabanii kaffalanii (AGB), kan Maryland keessatti Health Services Cost Review Commission (HSCRC) (Komishinii Tajaajiloota Keessa Deebii Gatii Fayyaa) tiin murteeffamu irraa qabdi ta'a. UMMS, AGB hamma Medicare eeggumsaaf hayyamu (hamma kaffaltii fayyadamaan kaffaluun isa irraa eegamu, kan hamma HSCRC, kuni "Mala akkaataa kaffaltii Medicare" jedhamu dabalatee) irratti hundaa'udhaan murteessa.

Kan hojirra oolu 7/1/21

UNIVERSITY of MARYLAND MEDICAL SYSTEM **Wajjira Hojiiwwan Jiddugaleessaa**	**FUULA:** **15 KAN 15**	**LAKK POOLISII:** **CBO – 01**
	GUYYAA HOJIRRA OOLMAA: 09/18/19	**GUYYAA (YYOOTA) KEESSA DEEBII:** 10/19/2020
DHIMMA: Gargaarsa Mallaqaa		

ABBAA POOLISII:

UMMS CBO

MIRKANAA'EERA:

Poolisii Koree Galuumsaa Mirkaneessaa Ol-aanaa Jalaqabaa: 09/18/19
Sababoota Koree Galuumsaa Mirkaneessaa Ol-aanaa Jalaqabaa: 10/19/2020